Biiroo Barnootaa Bul.Magaalaa Finfinneetti

- Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 1ffaa sam.2ffaa



Barannoo 7ffaa

BOQONNAA 13 QUBEEWWAN DACHAA

Qubeewwan dachaa ergisaa fi qubeewwan dachaa xixxiqqaa

Kaayyoo Barannichaa

* Dhuma barannoo kanaa booda barattoonni :-

- ✓ Qubeewwan dachaa ergisaa fi qubeewwan dachaa afaan oromoo adda ni baasu.
- ✓ Fakkii ilaaluun jechoota ni dubbisu.
- ✓ Baay'ina qubee dachaa ni himu.
- ✓ Qubeewwan dachaa ni tartiibeessu.

Qubeewwan Dachaa Ergisaa

- Qubeewwan dachaa ergisaa akkuma qubeewwan dachaa biroo qubootni lama addaan bahu kan hin dandeenye sagalee biroo kennuuf akka qubee tokkotti kan lakkaawamanidha.
- Qubeewwan dachaa ergisaa kan jedhamaniif immoo qubeewwan dachaa kun sagalee afaan oromoo isa qulqulluu keessatti waan hin argamneefidha.
- Qubeewwan dachaa ergisaa kan jedhamanis kanneen armaan gadii kanadha.,TS ,ZY

Qubeewwan dachaa xixxiqqaa

- Qubeewwan dachaa xixxiqqaa ykn qubeewwan cimdii kanneen jedhaman akkuma qubee dachaa gurguddaa qubootni lama haala addan bahu hin dandeenyen sagalee biroo kennuuf akka qubee tokkotti kan nu tajaajilanidha.
- Qubeewwan dachaa kunneenis amman xixxiqqaa tahani kan barreeffamanidha.Qubeewwan dachaa xixxiqqaa kunneenis isaan armaan gadii kanadha:ch,dh,ny,ph, sh,ts,zy

Kan itti fufe.....


- Qubeewwan dachaa armaan olii kana keessas qubeewwan akka: ,ts ,zy qubeewwan ergisaatti.
- Qubeewwan dachaa kunneenis yommuu barreeffaman tartiiba isanii eeguun haala armaan gadiin barreeffamu.
- Isaaniis: ch,dh,ny,ph,sh,ts,zy

Jechoota qubee dachaa irraa kan ijaarraman

- chaappaa
- nyaara
- shonkoora
- dhadhaa
- buuphaa
- Televizyiinii


Gilgaala

- Fakkicha fi maqaa walitti firoomsi

1. 

2. 

3. 

4. 

A. shonkoora

B .dhadhaa

C. buuphaa

D. Televizyiinii

Gilgaala

Gaaffilee armaan gadii deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Kanneen armaan gadii keessaa qubee dachaa kan hin taane kami?

   A/ ch B/ s C/ ny D/ ph

2. Qubeen dacha qubeewwan n fi y irraa uumamuu danda'u kami ?

   A/ ch B/ ny C/ sh D/ ph

3. Televi__iinii qubeen dachaa bakka duwwaa kanarraa hafe kami ? A/ dh


   B/ zy C/ ts D/ ph

4. Kanneen armaan gadii keessaa qubee dachaa ergisaa kan ta'e kami?

   A.sh B,zy C. dh D,sh

Kan Itti Fufe.....

Qubee dachaa xiqqaa guddaa isaatti firoomsi.



Cuunfaa

- Walumaagalatti qubeewwan dachaa hanga ammaatti ilaalaa turre ch, dh, ny, ph, sh, ts, zy
- Isaan kunneen keessaa ts, zy qubee dachaa ergisaa ta’uu isaanii baranneera.

Hojii Manaa

Jechoota irra deddeebi’uun barreessi.

Chaappaa	**Chaappaa**	**Chaappaa**	**Chaappaa**
Dhadhaa	_____	_____	_____
Nyaara	_____	_____	_____
Buuphaa	_____	_____	_____
Shonkoora	_____	_____	_____
Televizyiinii	_____	_____	_____

Xumurameera

Galatoomaa!!